

Qorata Qunnamtiin Dabriinsa Dhukkuba Sombaa

Qorata qunnamtii Dhukkuba Sombaa jechuun maali?

Yoo namni tokko dhukkuba sombaa (TB) qabaate, dhukkubni sun gara namoota biraatti dabruu isaa qoratuun akkaan barbaachisaa dha. Hojjattootni dhimmaa fayyaa dhukkubni kun hawaasa keessatti faca'uu isaa baruuf xiinxallaan adeemsisan, qorata qunnamtii jedhama.

Namni dhukkuba sombaatiin qabame osomaa hin beekne nama biraatti dabarsuu danda'a. Dhukkubichi yoo ka namoota biraatti dabreera ta'e, isaan kun akka hin dhukkubsanne gochuuf dawaa argatuu qaban.

Waa'ee dhukkuba sombaa ka si qabe kana ilaalchisee ogeessi hojjataa fayyaa nama biraatti dabarsee himuun seeraan dhoorkamaadha. Mirgi kee yeroo mara eeggamaadha.

Yeroo qorata qunnamtiin dabriinsa dhukkuba TB maaltu godhama?

Hojjataan dhimma fayyaa ummataa yoom akka qufaan si eegalee ykn dhukkubbiin sitti dhaga'ame si gaafata. Kanaafuu, namoota wajjiin yeroo dabarsite warra si wajjiin galan dabalatee, namoota si ilaaluu dhufan, akkasumas ijoollee, waahellan, waahellan-hojii, warra wajjiin barattan fi dubartoota da'imman sii eegan **mara** yaadachuuf yaali. Torbeewwan ykn baatiiwwan heddu dura erga dhukkuubbiin ykn qufaan si jalqabee as eennufaa akka qunnamaa turte mee yaadadhu. Kana godhuun kee hojjataan dhimma fayyaa ummataa dhukkubni TB namoota itti dabrinnaa jedhee shakku addaan baasee qoratee ilaaluuf isa gargaara.

Wanni ati hojjataa dhimma fayyaa ummataatti himattu odeeffannoo dhoksaati. Hojjataan dhimma fayyaa ummataa, maqaa kee fii odeeffannoo sirraa argate nama tokkottillee **hin** himu yoo haa himamu jette malee. Kanumaafuu, hojjataa dhimma fayyaa ummataa amantaa guutuun wajjiin dubbatuu dandeetta.


Hojjataan dhimma fayyaa ummataa mana kee ykn naannoowwan biraa ka ati yeroo keessatti dabarsite keessa qilleensi akkaatta itti seenuu fi irraa itti bahu ilaaluu barbaaduun isaa, eenyu dhukkuba TB tiif akka qoratamee ilaalamuu qabu murteessuuf isa gargaara.

Hojjataan dhimma fayyaa ummataa akkaataa qoratni gogaa qamaa irratti geggeeffamu namootaa itti kennamu qindeessa; isaan garuu eennu akka dhukkubaatiin qabame hin himan. Namoota yeroo heddu si wajjiin turantu dura qorata kanaan ilaalama.

Qoratni qunnamtii dhukkuba TB yeroo dheeraa fudhata. Hojjataan dhimma fayyaa ummataa namootni qoratamuun irra jiru martinuu qoratamuu isaani sirritti hubatuu barbaada. Sababama kanaaf, hojjataan dhimma fayyaa ummataa sitti deddeebi'ee gaafii si gaafatuu barbaaduun isaa ni mala. Boodaratti gaafii kan kanaan duraa irraa adda ta'e si gaafatuun ni mala. Kun godhamuuf, odeeffannoo

mara akkaa gaaritti hubachuudhaafi. **Wanni ati hojjataa dhimma fayyaa ummataatti himtu odeeffannoo dhuksaa tahuu isaa yaadadhu (beeki).**

Namootni akkamitti dhukkuba TB tiin qabaman? Eennus taanaan dhukkuba TB tiin daqabamuun ni dand'ama. Namni dhukkuba TB tiin sombi isaa tuqame tokko wayta qufa'u ykn haxxifatu jarmiiwwan TB (macaacuroota dhukkubicha dabarsan) qilleensatti faacasuu danda'a.



Nama dhukkuba TB tiin sombi isaa dhukkubsatetti yoo dhihaatte, jarmiiwwan TB hafuura wajjiin sombaa kee keessa seenuun ni dandayan. Akaataan dhukkubni TB ittii si qabua kana jechuu dha.

Harka nama fuudhuudhaan ykn immoo uffata, nyaata, saahniiwwan, yknis meeshaalee harkaan tuquu irraa dhukkubni TB sin qabu.

Dhukkuba sombaa dhokataa fi mul'ataallee dawaa itti wal'aanan jabatu jira.

Dhukkuba sombaa dhokataa fi mul'ataallee jidduu garaagarummaan jiru maali?

Jarmiiwwan TB qaama keessa yoo seenan wayta heddu dhokatanii "riphan". Kun, "**dhukkuba sombaa dhokataa**" ykn "**LTBI**" jedhama. Jarmiiwwan TB kan "rafan" kun qaama kee hin dhukkubsan ykn dhukkubsataa taasisanii sin ciibsan. Dhukkubni LTBI jedhamu kun waggoota baay'eef akkuma dhokate kanatti turuu danda'a. Jarmiiwwan nafa kee keessatti dhokatan kanneen Qorata Dhukkuba TB kan Mantoux jedhamu isa gogaa qaamaa irratti geggeeffamuun beekamuu danda'ama.

Yoo jarmiiwwan "rafaa" turan damamqanii guddatanii qaama kee miidhuu jalqan ammoo "**Dhukkuba TB Mul'ataa**" taha jechuu dha. Namootni dhukkuba TB mul'ataan kanaan qabaman yoosuu akka hamattii dhukkubsatan. Mallattoon TB qufaa addaan hin citne ka namarra turu, huqqinna qaamaa, fedhii nyaataa dhabiinsa, dafka halkanii, laydaa fi dhukkubbii qomaa dabalata. Dhukkubni TB eega somba seene namoota biraatti faca'uu dandaya.



Qorata Qunnamtiin Dabriinsa Dhukkuba Sombaa – fuula 2

Namoota dhukkuba sombaa dhokataa (LTBI) qabaman dhibbaa keessa harka 10 (10%) tu **dhukkuba TB mul'taan** turee qabama. Yoo dhukkuboota biraa nafa keessaa qabaatte, kun sitti dabalamuun rakkoo hamaa sirraan gaya.

Yoo dhukkubni TB na qabe, waahelootaa fi maatiiwwan kiyiyatti akka dhukkubni kun naraa itti hin dabarre akkamitti eeguu dada'a?

Tarkaanffiiwan fuddhattu qabdu jaboon afur:

1. **Dawaalee dhukkuba TB akka sitti himametti fudhadhu.** Wayta dawaalee TB kana fudhatuu jalqabde, doktorri kee daawleen sun hagama akka hojjataa jiran ilaaluuff qorata godha. Jarwmiiwwan TB kun irraa caalaan erga dawaa saniin dhumanii booda, dhukkubni sun sirraa nama biraatti hin dabru.
2. Dhukkuba TB namatti dabarsuu danda'uu dhabuun kee haga akkaan beekamutti, **wayta qofaatu mara warqaa afaaniin haqatan afaan kee haguugi.**
3. Jarmiiwwan TB akka sirra gara namoota biraatti hin fa'aane, tarkaanfii fudhatuu qabu kan biraa hojjataa dhimmaa fayyaa ummataa keettii sitti hima.
 - Bakka ummataa, bakka hojji fi mana-barnootaa dhaquu dhiisuun barbaachisaa ta'uun ni mala.
 - Keessummaa irraa fagaachuu qabda
4. **Qorata qunnamtiin dabriinsa dhukkuba TB kan hojjataan dhimmaa fayyaa ummaataa geggeessu gargaari.** Hojjataan dhimmaa fayyaa ummataa maatiiwwanii fi wahelloonni kee fayyaandhaan dhukkuba TB irraa naga'a akka ta'an barbaada.

Namni an beeku tokko dhukkuba TB mul'ataan sombi isaa tuqamee jira. Mee maal irraa beekutu narraa eegama?

Nama dhukkuba sombaa mul'ataan qabame wajjiin wayta heddu kan wal-qunnamte yoo tahe, jarmiiwwan dhukkuba TB hafuura qilleensaa wajjiin qaama kee keessa seensisuun ni mala. Kanaafuu, dhukkuba TB kun sitti dabruu isaa beekuudhaaf qoratamtee ilaalamuun akkaan barbaachisaa dha.

Yoo ka barbaaddu ta'e, dameen mana-wal'aansa ummataa akkaataa ati qorata gogaa harkaa lilmeen diruudhaan laalamuu kan Mantoux jedhamuuf haala siif aanjessan.

Qoratni Mantoux kun yoo **“negative,”** (nagaya ka homaa hin qabne) tahe, jarmiiwwan dhukkuba TB qaama kee keessa hin jiran jechuu dha. Irraa caalaa sirritti qulqulleeffatuuf, torbeen haga tokko booda itti deebi'anii qorata kanaa ilaalmuun barbaachisaa dha.

Qoratni Mantoux yoo **“positive,”** tahe, jarmiiwwan dhukkuba TB qaamaa kee keessatti argaman jechuu dha. Kun taanaan, doktorri raajii qomaa si kaasuudhaa, sadarkaan dhukkubichaa, TB dhokataa (LTBI) ykn mul'ataa tahuu addaan sii baasuu qaba. Yoo dhukkuba sombaa dhokataa (LTBI) qabaatte, dawaa jarmiiwwan TB ajjeesu fudhatuu si barbaachisa.

Ijoollee ykn namootni dhukkuba HIV ykn rakkoowwan fayyaa-dhabiinsaa qabaan, namoota biraa caalaa dhukkuba sombaatiin qabamuu dandayan. Kanumaafuu, yoma qoratani Mantoux sun **“negative”** (kan homaa hin qabne) ka mul'isu tayas dawaa fudhatuun barbaachisaa taha.

Mallattoowwan dhukkuba TB (qufaa namarra turu, huqqinna qaamaa, dayfa halakanii, fedhii nyaataa dhabiinsa, laydaa, dhukkubbii qomaa) yoo qabaatte, qoratni Mantoux homaa kan **“negative”** jedhu tahuu, doktoraan ilaalamutu sirra jira.

Qoratni Mantoux inni kanaan dura fudhadhe “positive” kan jedhu yoo yahe maal gochuu qaba?

Qorata Mantoux ka asiin dura sii godhame **“positive”** ta'uu isaatiif xalayaa ragaa yoo qabaatte, qorata biraa fudhatuu sin barbaachisu. Yoo ragaa harkaa hin qabne ta'e, amma qorata biraa godhatuu qabda. Kun homaa waan si miidhuu miti.

Tallaala BCG dur nama fudhate yoo tahe hoo?

Tallaalli BCG umrii guutuu dhukkuba TB sirraa hin ittisu. Qoratni Mantoux kan gogaa harkaa **“positive”** tahuu isaatiif tallaalli BCG wayta mara sababaa taha jechuun hin dada'amu. Kanaafuu, yoma nama dur tallaala BCG fudhate taates, qorata gogaa gubbaa kan Mantoux fudhatuun hubaati hin qabu.